KIRISTOOS ISA JIRAATAA

Dhuga ba'umsa Ergamootaa

Waldaa Yesus Kristos Qulqulloota Guyyaa Boodaa

Dhaloota Yesus Kristos isa waggoota kuma lamaan duraa nuyi yeroo yaadannu, nuyi waa'ee dhugummaa jireenya Isaatii isa dorgommii hin qabnee fi aarsaa Isaa gatii kaffaltii cubbuu isa guddaa gaarummaa Isaa isa daangaa hin qabne dhugaa nii baana. Biyya lafaa kana irra warra jiraatanii darban, kana booda illee warra jiraatan keessaa kan akka Isaa dhiibbaa guddaa akkasii hunduma irratti uume hin jiru.

Inni Yaahiwwee isa Guddaa isa Kakuu Moofaati, Masihii isa Haaraati. Qajeelfama Abbaa Isaatii jalatti, Inni uumaa lafaa ture. "Waanti hundinuus isaan ta'e; waan ta'e keessaas isa malee kan ta'e tokko illee hin jiru" (Yohaannis 1:3). Cubbuu kan hin qabne yoo ta'e iyyuu, Inni qajeelummaa hundumaa raawwachuuf in cuuphame. Inni "naanna'ee hojii gaarii in hojjete" (Hojii Ergamootaa 10:38), ta'us garuu kanaaf in tuffatame. Wangeelli Isaa ergaa nagaa fi gaarummaati. Inni hundumtuu fakkeenya Isaa duukkaa akka bu'aniif haffeereera. Karaa Filisxeem irra adeemee, dhukkubsataa fayyiiseera, jaamaa ija baneera, warra du'anis kaaseera. Inni dhugummaa isa bara baraa, jiraachuu keenya osoo gara biyya lafaa hin dhufiniin duraa, kaayyoo jireenya keenya biyyaa lafaa kana irraa, akkasumas jireenya dhufu keessattis ijoollee dhiiraa fi durbaa Waaqayyoo ta'uu akka dandeenyuuf barsiiseera.

Aarsaa gatii kaffaltii cubbuu guddaaf Inni akka ittiin yaadatamuuf irbaata qulqulluu in dhaabe. Inni himata sobaatiin qabamee, itti faradamee hidhame maqaan isaas badee, fedhii namootaa hundumaa eeguuf jecha duuti itti faradamee, fannoo kaalvarii irratti akka du'uufis itti faradamee ture. Cubbuu namoota hundumaaf furee akka ta'uuf jecha aarsaa of godhee lubbuu isaa dabarsee kenne. Inni warra biyya lafaa irra jiraatanii fi jiraachuuf jiran hundumaaf kennaa bakka bu'ummaa ture.

Jireenyi Isaa seenaa dhala namaa hundumaaf, giddu-galeessa akka ta'e, yookiin Betelehemitti akka hin jalqabne yookiin Kaalvariittis akka hin xumurramne, nuyi cimsinee dhugaa nii baana. Inni Ilma isa angafaa abbaati, Ilma tokkicha fooniin mul'ate, Fayyisaa biyya lafaa ture.

Inni "Warra obbaafatan keessaa angafa ta'uun" (1 Qorontos 15:20) awwaala keessaa ka'eera. Gooftichi akkuma du'aa ka'een, Inni warra bara jireenya Isaa keessatti jaal'ate daawwatee ture. Akkasumas immoo Inni Ameerikaa durii keessatti "hoolota biroo" (Yohaannis 10:16) gidduutti tajaajilaa tureera. Adunyaa ammayyaa'aa keessattis, Innii fi Abbaan Isaa yeroo dheeraadhaaf isa abdachiifamee ture "barri murame yeroo guutetti" (Efesoon 1:10) dargageessicha Yooseef Ismiizitti mul'ataniiru.

Kiristoos isa jiraataa ilaalchisee, raajichi Yooseef Ismiiz akkas jechuun barreesseera: Iji isaa akka barbadaa abiddati, Rifeensi mataa Isaatii akka cabbii qulqulluu adii ture, fuulli Isaa ifa aduu caalaa kan ifu ture; sagaleen Isaas akka sagalee bishaanota baay'eeti, akka sagalee Yaahiwwees ture, akkas jechuun:

"Ani isa jalqabaati akkasumas isa dhumaatis, Ani isa jiraataadha, Ani isa ajjeefamee tureedha; Ani isa Abbaa wajjin walitti isin araarsuudha (Barumsaa fi Kakuuwwan 110:3–4).

Raajichis waa'ee isaa akkas jedhee labse: Akkasumas amma, waa'ee Isaatiif dhuga ba'umsoonni baay'een erga kennamanii booda, kunis waa'ee isaa dhuga ba'umsicha, isa dhumaa hundumaa, kan nuyi Isaaf kenninu: Inni jiraataa ta'uu Isaati!

"Nuyi gara harka mirgaa Waaqayyotti illee, Isa waan argineef, akkasumas nuyi Inni Tokkicha Ilma abbaa akka ta'e yeroo sagaleen dhugaa ba'u dhageenyeerraani—

"Biyyi lafaas Isaan, akkasumas karaa Isaatiin akkasumas Isumaanis uumamanii turani, kan irra jiraatanis ilmaanii fi ijoollee durbaa Waaqayyooti (Barumsaa fi Kakuuwwan 76:22–24).

Nuyi Lubummaan Isaa fi Waldaan Isaa—"hundee … ergamootaa fi raajotaa irratti ijaaramtaniittu, Kristos Yesus immoo ofii Isaatii isa dhagaa golee qajeelchuudha" (Efesoon 2:20) biyya lafaa irratti deebi'uu isaanii kabajaan nii labsina.

Inni gaaf tokko gara lafaatti akka deebi'us nuyi dhugaa in baana. "Akkasumas yommus ulfinni Waaqayyoo in mul'ata, namni foon uffate hundinuus kana walii wajjin arguuf jira" (Isaayyaas 40:5). Inni Mootii Moototaa ta'ee in bulcha akkasumas Gooftaa Gooftotaa ta'ees in mo'a, akkasumas jilbi hundinuu isaaf in jilbeenfatu akkasumas arrabni hundinuus waaqeffannaadhaan fuula Isaa duratti in dubbataani. Tokkoon tokkoon keenyas akka hojii keenyaatti akkasumas akka fedhii garaa keenyaatti Isaan firdii argachuuf in dhaabbanna.

Nuyi akka Ergamoota Isaa sirnaan muudamaniitti—Yesus Kristos isa Jiraataa ta'uu Isaa akkasumas Ilma Waaqayyoo isa hin duune ta'uu Isaa dhugaa in baana. Innis isa har'a harka mirgaa Abbaa Isaa dhaabbatu, mootii guddaa isa ta'e Amanu'eelidha. Inni ifa, jireenyaa, fi abdii biyya lafaati. Karaan Isaas jireenya ammaa keessatti gara gammachuutti akkasumas adunyaa isa dhufu keessattis gara jireenya bara baraatti kan geessuudha. Dhuma kan hin qabne kennaa waaqummaa Ilma Isaatii isa kenne Waagayyoof galanni haa ta'u.

GEGGEESSAA JALQABAA

Gordon B. Hinckley
Thomas S. Monson
James E. Faust

Amajji 1, 2000

GUMII ERGAMOOTA KUDHA LAMAANII

Boyd K. Packer
L. Tom Perry
David B. Haight
Neal A. Maxwell
Russell M. Nelson
Dallin H. Oaks
M. Russell Ballard
Joseph B. Wirthlin
Richard G. Scott
Robert D. Hales
Jeffrey R. Holland
Henry B. Eyring

Unofficial poster layout of the text published on churchofjesuschrist.org. Not an official publication of The Church of Jesus Christ of Latter-day Saints. Generated by Urim, urim.samuelbaird.com